## Haadhaa fi Abbaa, gaafii keessaniif deebii argachuudhaaf eeggachuu hin qabdan!

Ijoollee xixxinnoo guddisuu ilaalchisee odeeffannoo dabalataa **akkasumas** yaadota mucaa keessan barachuu fi guddachuuf gargaaru, kanarraa ilaalaa ykn bilbilaa:

**HelpMeGrowMN.org**

**eddoo tajaajila waldhaansaa naannoo keessanitti isiniif kennu**

## Haala guddina muca keessanii ilaalchise yaaddoo yoo qabaattan...

akkasumas mucaan keessan barnootaaf gargaarsa dabalataa kan barbaaduddu yoo ta'e ykn mucaan keessan yaala ykn rakkina fayyaa qaba yoo ta'e, kanarraa dubbisaa ykn bilbilaa:

**HelpMeGrowMN.org**

**1-866-693-GROW (4769)**



Footoon ykn suuraan kan kenname tola 3 Peas'dhaan

# help me GROW

**Kana ilaalaa:**
**HelpMeGrowMN.org**

**Bilbili:**
**1-866-693-GROW (4769)**

Qooda fudhattoota keessaa:

Minnesota Department of Education

MINNESOTA MDH DEPARTMENT OF HEALTH

Minnesota Department of Human Services

10/13

Oromo



# help me GROW

## Haadhaa fi Abbaan beekumsa yoo argatan... Ijoolleen Ni Guddatu

grow

Ijoolleen yeroo hedduu daa'imummaa isaaniitti dinqisiifannaa fi gammachuu maatii argachiisu! Guyyaa dhaloota irra hamma oolma daa'immanii (kindergarten) galanitti ijoolleen dafanii guddachuu fi jijjiirama agarsiisu akkasumas guyya guyyaan waa baratu.



## Daa'immanii fi ijoolleen xixxinnoon tokko tokko barachuu fi guddachuuf gargaarsa caalaatti barbaadu

Haadhaa fi Abbaan yeroo daa'imni isaanii guddatuu fi jijjiiramu kan isaan hubatan keessaa seequu, gangalachuu, taa'uu, deemuu, taphachuu, sagalee dubbatamu irra deebi'uu, boohuu fi dubbachu isaanii ti. Ijoolleen hundu guddini isaan kan wal madaaluu yoo ta'u, ijoolleen tokko tokko garuu rakkina hiri'ina guddachuutu isaanitti dhufa.

Guddina ijoolleerratti rakkoon fayya kan adda ta'e miidhaa fiduu danda'a. Haadhaa fi Abbaan nama kamiyyuu caalaa waa'ee daa'ima isaanii waan beekaniif, guddini daa'ima isaanii ijoollee xixxiqqo fi daa'imman bira wojjin madaaluun garaa garummaa kan qabu ta'uu ykn rakkoon jiraachuusaa dursanii hubatu.



## Gargaarsi tolaa ni argama

Ijoolleen Minnesota kan umriin isaanii guyyaa dhalootarraa hamma waggaa ykn ganna shan ta'e, kan ulaagaa **dursanii gargaarsaan dhaqqabuu (early intervention)** guutan tajaajila mana isaanitti, bakka oolmaa ijoollee ykn mana barumsaatti argachuu danda'u. Tajaajilli kun gali ykn haala qubanna (immigrant status) utuu hin ilaalin **tola** kennama.

## Gargaarsa beektotarraa

Namoonni ogummaa daa'imman xixxiqqoo qaban maatii ulaagaalee guutan wojji hojjachuudhaan tajaajila karooraa fi gargaarsa isaan barbaadan irratti hojjatu. Inni kunis kan of keessaa qabaatu:

- Barumsa addaa fi tajaajila garaa garaa kan akka dubbachu, jajjabina qaamaa fi waldhaansa qaamaa (occupational therapy).
- Haala maatiin tokko wanta guyya guyyaan hojjatu keessatti guddina daa'ima isaanii gargaaru.
- Sagantaalee fi tajaajila hawaasaa wojjin qunamtii qabaachuu.

Namoonni ogummaa daa'imman xixxiqqoo qaban iddoo hawaasni tajaajila itti argattuu fi sagantaalee daa'immanii kan daa'imman ulaagaa **tajaajila dursanii gargaarsa argachuu** hin guutne akka argattu isin gargaaruu danda'u.

